Qo'annoo Macaafa Ququlluu kutaa 17 ffaa

SEERA KEESSADEEBII

Seensa:

Mata-duree: Seera Waaqayyoo dubbifachuu dhaggeeffachuu barreeffachuu

BOQONNAA 17:1-20 Dubbifadhu

GAAFFIILEE MAREE

1. Namni tokko kakuu Waaqayyoo cabsee dhaqee waaqa tolfamaaf yoo sagade maal iti haafaradamu jedhe? A/ Haa ajjeefamu, B/ biyyaa haa baafamu, C/ saba giduu haa jiratu
2. Waanta mudaa fi hirri'na qabu ciigga'amaa ta'e Waaqayyoof maal godhaa jedhaman A/ aarsaa hin dhi'eessina B/waaqayyoof Qulquleessi C/ gabaaatti baasaa gurguraa
3. Akka saba naannoo koo jiran hundumaa mootii of irratti nan moosifadha yoo jette, ” A/ obboloota kee keessaa mootii isa Waaqayyo gooftaan kee fo'atu of irratti moosisi B/ nama ormaa isa obboleessa kee hin ta'in of irratti moosisi
4. Mootiin kan gochuu hin qabne A/ fardeen hin baay'ifatin,B/ dubartoota hin baay'ifatin, C/ meetii fi warqee hin tuullatin D/ hundumaa
5. Mootiin erga moosifamee kan inni hojjechuu qabu A/ macaafa seeraa waraqata maramu irratti haa caafsifatu B/ seerrata kanaa hundumaa akka ittiin eeguuf isa bira haa taa'u! C/ Inni bara jireenya isaa hundumaatti isa haa dubbisu D/hundumaa
6. Oduu tokko yoo dhageesse A/ gaariitti qoradhu qulqulleeffadhu B/ isuma sitti himan amanii tarkaanfii fudhadhu,
7. Waanti tokko kan dhuga ta'u, A/ dhugabaatii nama tokkoon, B/ Dhuga baatii nama lamaan C/ Dhuga baatee nama sadiin, D/ B fi C
8. Rakkinni tokko isaan gidduu jiraatee murtoo itti kennuu yeroo dadhabanu, A/iddoo Waaqayyo gooftaan isaanii fo'atutti geessu B/ Leewoota fi luboota akkasuma abbaa firdin yeroo sanaa gaafatu C/ Waan isaani si abbooman raawadhu D/ hundumaa
9. Namni tokko luba yookiis abbaa firdii isa Waaqayyo gooftaa keef hojjechuudhaaf achi dhaabatuuf dhaga'uu didee yoo tuffate A/ deebisii tuffadhu, B/ gorsi irra darbiif, C/ haa ajjeefamu!

   Gaaffii Adddaa

10. Mootiin seera kana cabsee haadha manootii baay'ee fudhuun cubbuu guddaa hojjete waaqayyoon gaddisiise maqaan isaa eenyu?_____